# Hospitaala Daa’imaa Mana Keessattii

## Odeeffannoo barbaachisaa maatiidhaaf

the women's
the royal women's hospital

**Yeroo balaa tasaa ambulaansiidhaaf (000) bilbili.**

### Baga gara sagantaa Hospitaala Daa’imaa Mana Keessattii [Neonatal Hospital in the Home (NHITH)] dhuftan

Hospitaala Daa’imaa Mana Keessattii [Neonatal Hospital in the Home (NHITH)] daa’imman ulaagaa guutan maatii isaanii ykn kunuunsitoota isaanii wajjin mana keessatti kunuunsa hospitaalaa akka itti fufuuf taasisa. Narsiiwwan daa’imaa (neonatal nurses) keenya da’umsa boodaa yeroo hunda daawwannaa fi bilbilaan sii fi daa’ima kee ni hubatu.

Narsoonni NHITH kunuunsa cimaa daa’immanii irratti kan leenji’an yoo ta’u, daa’imman dhukkubsatan fi yeroo malee dhalatan kunuunsuu irratti muuxannoo hedduu qabu. Yeroo gara manaa deemtuu fi kunuunsa dabalataa daa’imni kee barbaadu kamiyyuu sii fi daa’ima kee ni deeggaru.

### Yaadachiisa barbaachisaa

- Yeroo hunda deeggarsi ni jira. Halkaniis guyyaas yeroo barbaaddanitti NHITH bilbiluu dandeessu.
- Fayyaa daa’ima keessanii yoo isin yaaddesse lakkoofsa bilbilaa armaan gadii bilbilaa.
  - Yeroo hojiitti, narsii NHITH hasayuu dandeetta.
  - Sa’aatii booda, narsii itti gaafatamaa ta’e waliin ni dubbatta.
  - Yoo barbaachise gara hospitaalaa dhuftee doktorri daa’ima kee akka ilaalu haala siif mijeessu.
- Yeroo balaa tasaa, ambulaansiidhaaf **Duwwaa sadihi (000)** bilbili ykn kallattiin gara Hospitaala Daa’immanii deemi.

**Lakkoofsa moobaayilii Hospitaala Daa’imaa Mana Keessattii: 0418 501 253**

- Lakkoofsa kana guyyaa kamiyyuu ganama sa’aatii 8 hanga galgala sa’aatii 4 gidduutti bilbiluu dandeessu.
- Sa’aatii hojiitiin alatti, itti gaafatamaa/gaafatamtuu narsii bilbilaa:
  - Garee A: 03 8345 3493
  - Garee B: 03 8345 3492

### Daa’imni keessan Yoo dhukkubsate

Daa’imman baay’ee dafanii dhukkubsachuu danda’u.

Gargaarsa yaalaa nbarbaadi yoo daa’imni kee:

- halluun daalachaaye, halluun gara cuquliisaatti (blue) jijjjirame, gaflaan itti bu’e (hirribni itti heddummaate) fi qaamni hoo’e
- umriin isaa ji’a 6 gadi ta’ee hoo’a digrii 38 ol kan qabu yoo taate
- dadhabina qaamaa irraa kan ka’een sirnaan dammaqina qabaachuu yoo dadhabe, ykn waan silaa dammaqsuu qabuun itti dhagahamuu yoo baate
- iyya dadhabaa, sagalee xiixu ykn booyicha addaan dhaabuu yoo baate
- haqqisa ykn diddiga bifi magariisa fakkatu yoo haqqise
- qaamni hollachuu (rom’uu)
- hafuura baafachuuf rakkachuu
- sekondii 15 ol hafuurri dhaabbachuu
- naannoo mudaanmuddiitti dhiita (iitni) yoo jiraate.

Daa’imni keessan tajaajila NHITH erga gadhiisee booda yoo dhukkubsate, haakima naannoo keessanii (GP) qunnami ykn gara Kutaa Balaa Tasaa Hospitaala Daa’imaa ykn hospitaala isinitti dhihoo jirutti geessi.

### Daa’ima kee akka itti hin qorrine gochuu

Daa’imni kee hospitaala erga bahee booda, guyyaatti yeroo muraasaaf ho’a qaamaa i ilaali.

Hospitaala keessatti qilleensi of eeggannoodhaan kan to’atamu yoo ta’u, haala qilleensaa dhaabbataa ta’etu jira. Haa ta’u malee mana keessatti, haalli qilleensaa garaagarummaa qabaachuu danda’a.

Safartuu ho’aa kan akka warra hospitaala keessatti fayyadamanii, kan akka bobaa jala kaa’amuutitti fayyadami. Ho’i daa’imaa kan 36.5°C hanga 37.5°C jiru sirrii ta’uu argisiisa. Yoo ho’i daa’ima keessanii sadarkaa kana ol ykn gadi ta’e, akka barbaachisummaa isaatti uffata kaayatan yookiin uffatan dabali yookiin hirdhisi.

## Daawwannaa Manaa

Narsiin NHITH kee sitti dhufuun dura yeroo hunda dursitee siif bilbilti. Guyyaan beellamaatiin duratti fageessanii sitti himuuf yaalu, garuu sa'atiin beellama yoom akka tahu waadaa siif galuu hin danda'an. Daawwaannaaleen qabanii fi imalli mana kaanirraa kaanitti godhamu tilmaamuun dhibaa waan taheef jecha. Kun sagantaa isaanii irratti dhiibbaa uumuu danda'a.

Kanaaf bilbilli kee qabadhu yoo narsiin NHITH irraa sii bilbilame akka kaaftuuf.

Yeroo narsiin daawwattu mana keessa wanni rakkoo uumu akka hin jiraanne, meeshaan karaarra akka hin jiraanne fi tamboo yeroo sanitti akka keessatti hin aarfamne

Narsiin daa'ima kee akka madaaluu fi hojii isaanii akka hojjettu bakka qulqulluu fi diriiraa qopheessiif.

Guyyaa beellamame sanatti namni guddaa fi daa'imni keetis teessoo daawwannaaf titi waliigaltanitti argamaa.

## Gorsa manaaf

Daa'imman yeroo malee dhalatan hirriba isaanii keessatti sagalee baay'ee dhageessisuun waanuma jiruudha.

Hospitaala keessatti sagaleen biraas duubaan waan jirtuuf jecha sagalee daa'imaa dhaga'uu dhiisuu dandeessu. Mana keessa sagaleen biraa bakka hin jirreettii, keessattuu halkan, sagalee adda addaa baay'ee kan akka gadooduu, diriirfachuu, dhiphachuu,sagalee hafuura funyaanii, haxxiffannaa fi hirqinsuu dhaga'uun kee hin oolu.

Kun waanuma jiruu fi daa'imni keessan akkas tahe jechuun dhukkubbii, garaan goguu ykn rakkina sagaraa baasuu qaba jechuu miti.

## Gorsa daa'ima boo'aa jiru qabbaneessuuf

Daa'ima keessan akka itti tolu fi qabbaneessuuf gorsa salphaa kana yaalaa:

- daa'ima keessaniif soora dhiheessuu - harma hoosisuu ykn qaruuraa aananii kennuu dandeessu
- dummy kenniif (yoo duraan itti fayyadame/fayyadamte)
- suuta jedhii raasi (sosochoosi) ykn harka keetitti qabadhu
- sagale laafaan itti dubbadhu ykn sirbiif
- daa'ima kee bishaan xiqqo hoo'een dhiqiif
- ifaan garmalee akka hin ifin mirkaneeffadhu
- garmalee hoo'i ykn qabbanti akka itti hin dhagayamin mirkaneeffadhu
- maatilee biraa wajjin wantoota isaaniif hojjeta waliin haasayi.

## Odeeffannoo fi deeggarsa dabalataaf

### Sarara Fayyaa Haadholii fi Daa'imaa Victoria

Tajaajilli kun dhaloota irraa kaasee hanga umrii barnootaatti, daa'ima keessan kunuunsuu irratti gorsa iccitii ta'e kenna.
Guyyaas ta'ee halkan sa'aatii barbaaddanitti asirratti bilbiluu dandeessu
13 22 29.

### Hospitaala Daa'imaa Mana Keessatti

Lakkoofsa moobaayilii Hospitaala Daa'imaa Mana Keessattii: 0418 501 253

- Lakkoofsa kana guyyaa kamiyyuu ganama sa'aatii 8 hanga galgala sa'aatii 4 gidduutti bilbiluu dandeessu.
- Sa'aatii hojiitiin alatti, itti gaafatamaa/gaafatamtuunarsii bilbilaa:
  - Garee A: 03 8345 3493
  - Garee B: 03 8345 3492

## Lakkoofsa Hospitaala Dubartoota kan biroo

- Kutaa Kunuunsa Cimaa Daa'imaa (Newborn Intensive Care Reception): 03 8345 3400
- Tajaajila Harma Hoosisuu: 03 8345 2400
- Qunnamtii Fayyadamtootaa (Consumer Liaison): 03 8345 2290

## Turjumaana si barbaachisa?

Turjumaana yoo barbaadde gaafachuu dandeessa.

## Deeggarsa Jeequmsa Maatii (Family Violence Support)

### 1800 Respect National Helpline (1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabaja)

Yoo miidhaan saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsifamte gargaarsa argachuu dandeessa.
Guyyaa yookiin halkan sa'aatii kamiyyuu bilbilu ni dandeessa.
1800 737 732
1800respect.org.au

**Hubachiisa:** Waraqaan kuni odeeffannoo waliigalaa qofa dhiyeessa. Waa'ee fedhii kunuunsa fayyaa keessanii ykn daa'ima keessanii gorsa addaa argachuuf, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa argachuu qabdu. Hospitaalli Royal Women's itti dhimma bahuu barruu kana irratti osoo ogeessa fayyaa hin argin miidhaa yookiin kasaaraa uumamuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Yoo ati ykn daa'imni kee yaala hatattamaa barbaaddan, maaloo kutaa balaa tasaa (Emergency) isinitti dhihoo jiru qunnamaa.

© The Royal Women's Hospital 2025.